# Fedhiif jedhanii fedhiidhaan diinatti harka kan kennatan gantoota Seenaa Qabsoo Bilisummaa Oromoo ti.

**Ibsa Koree Kutaa ABO Australia**

**Amajjii 31 bara 2010**

Hoggantootaa fi qondaalota Zoonii Kibba Oromiyaa ti kan ofiin jedhan dhiheenya kana mootummaa Wayyaaneetti fedhiidhaan harka kennanchuu isaanii akka waan hujii boonsaa dalaganiitti sub-qunnamtii adda addaa irrati of ibsaa jiran.  Murni mataa itti tahanii diinatti galuu isaanii ibsatan Kun gantoota Qabsoo Saba Oromoo fi gantoota Seenaa Bilisummaa Oromoo ti. Sababa Kun jedhamuun danda'amus:

1fa: Biyya isaan har'a keessa dhaabbatanii nagaadhaan galuu himataa jiran kana keessatti sabni Oromoo reeffa ilmaan isaa humni mootummaan Wayyaanee irraa ajjeeste guyyuu yaadataa, gaddaa fi boo'aa jiraataa jiru.

2fa: Dachee isaan har'a irra dhaabbatanii karaa nagaa filanne jedhanii if ibsaa jiran kana irra sabni Oromoo qe'een irratti gurguramee dachee irratti dhalatee guddatee, horee wal hore irraa godaansisamaa jira. Jaaroleen Oromoo qe'ee isaanii keessatti kabjaan maluufiin irra ture biyya keessatti dhalatan keessatti mirga lammummaa illee dhabanii ariyatamaa jiran.

3fa: Sab-qunnamtiin har'a isaan dura dhaabbatanii hiccitii saba Oromoo firfirsanii diinaaf ittiin gabaasaa jiran kun kan kaleessaa fi dheengadda ajjeesamuu fi du'i itti murteessamuu ilmaan Oromoo ittiin saba Oromootti lallabamaa ture, har'as himamaa jiruu dha.

4fa: Magaalaa isaan har'a diinatti harka kennatanii gara nagaatti deebi'uu himataa jiran keessa, ilmaan Oromoo dhiiraa dhalaan, haadhi ilmaan irraa, abbaan qe'ee irraa, kumaatamaan sababa mirga lammummaa biyya isaanii irratti gaafatan qofaaf hidhamanii, qaamaa hir'atanii, dararama fi gidiraa du'aa fi jireenya gidduutti lubbuun guraaramaa jiranii dha.

5fa: Waadaa kaleessa hanga bilisummaa saba keenyaatti wareegama irraa hin dheessinu ykn hin seesnu jedhanii kakatan gananii lafee ittiin kakatan irra tarkaanfatanii mootummaa diinaa saba Oromoo guddaa xiqqaa osoo

adda hin baasin diinummaa akkaan jabduun itti bobba’ee jirutti harka kennachuun Seenaa Qabsoo Bilisummaa Oromoo ganuu dha.

6fa: Madaalii humna diinaan osoo hin caalamin, marsama humnaa olii keessa osooma seenanii illee akka waadaa seenanitti wareegamuun kan maluuf tahuun osoo irraa eegamuu waan kaleessa Zoonii Kibba Oromiyaa keessa dhaabbatnii Saba Oromoo abdachiisaa turan gananii mootummaa diinaatti fedhiidhaan harka kennachuun Seenaa Qabsoo Bilisummaa Oromoo ganuu dha.

7fa: Gantoonni Kun sirna dhablummaan erga dhaaba keenya keessaa bahanii bubbuluun isaanii ifaadha. Haa ta’u malee hoggansa mataa isaanii tofatanii QBO saffisiifna jechaa, shororkaa uumaa turanii har’a meeshaa gootowwani fi hayyoonni Oromoo itti wareegamanii QBOf argamsiisan dabarsanii diina Ilmaan Oromoo dhabamsiisaa jirutti kennuun isaanii gantoota Seenaa Qabsoo Bilisummaa Oromoo ta’uu isaanii dhugoomsa.

Kanaaf, gantummaa Seenaa Qabsoo Bilisummaa Oromoo murni kun raawwate ilaalchisee Koreen Kutaa ABO Australia ibsa ejjennoo fi dhaamsa qabsoo armaan gadii kana dabarsa:

1fa: Sabni Oromoo harcaatuu fi gantoota seenaa kana fi kijiba meeshaan sab-qunnamtii mootummaan diinaa odeessuuf gurra osoo hin laatin Qabsoo Bilisummaa ilmaan kee akkuma kaleessaa har’as itti fufaa fi ittis siif kufaa jiran bakkaan gahachuuf akka qabsoo kee jabeessitu siif dhaamna.

2fa: Kanneen fedhii keessan malee osoo hin hubatin fi hin beekin gowwoomsamtanii murna itti mataa tahee mootummaa diinaatti harka isin kennisiise kanatti dabalamtanii akka hin eeginitti mootummaa diinaa harka seentan bakkuma jirtanitti gochaa saba keessan miidhu irraa akka of qusattan ammumaan isiniif dhaamna.

3fa: Irree fi abdii Saba Oromoo taatee Qabsoo Bilisummaa Oromoo ABOn dursamu bakkaan gahuuf humna mootummaa diinaa kokkee qabdee kuffistee kufaa kan jirtu Waraanni Bilisummaa Oromoo waadaa seente bakkaan gahuuf akkuma kaleessaa murannoo qabdu hujiin akka agarsiistu

abdii guutuu si irraa qabaachaa waan dandeenyu maraan yoom illee si bira jiraachuu keenya ibsanna.

Injifannoo Ummata Oromoof!!!

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!!!

Koree Kutaa ABO Australia.